“Jidduu namichaatti fi jidduu shirkii fi kufritti salaata dhiisuutu jira”

Jaabir irraa odeeffame -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhuun dhagahe: “Jidduu namichaatti fi jidduu shirkii fi kufritti salaata dhiisuutu jira”.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irratti haa jiraatu- salaata dirqamaa akka hin dhiisne akeekkachiisaniiru, akkasumas jidduu namichaati fi jidduu shirkii fi kufrii keessatti kufutti salaata dhiisuun akka jiru himan. Salaanni utubaa Islaamaa lammaffaadha, dhimmi isaas guddaadha, namni salaata salaatuun dirqamaa miti jechuudhaaf salaata dhiise walii galtee muslimtootatin kufrii keessa galee jira, dagannoo fi hifannaa irraa kan ka’een guutumatti yoo salaata dhiise inni kaafira ta’a, sana irratti walii galteen sahaabaas gabaafameera, yeroo tokko tokko dhiisee yeroo tokko tokko kan salaatu yoo ta'e ammoo inni sodaachisa hamaaf saaxilamadha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65093